# Kun lameen dhiira ummata kootii irratti haraama, dubartoota isaaniitiif immoo halaala

Aliyyi ibnu Abii Xaalib irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bitaa isaaniitiin hariira qabatanii, mirga isaanitiin immoo worqii qabatanii, eegasii hariiraa fi worqiin harka isaanii lameen ol qabuun, akkas jedhani: «Kun lameen dhiira ummata kootii irratti haraama, dubartoota isaaniitiif immoo halaala».

[sirrii]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- uffata hariiraa yookaan citaa hariira irraa ta'e harka isaanii bitaatiin qabatanii, worqii faayaa yookaan kan sana fakkaatu irraa ta'e immoo harka isaanii mirgaatiin qabatanii eegasii akkas jedhani: hariirrii fi worqii uffachuun dhiira irratti haraama, dubartootaaf immoo halaala.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee